# LIDA Stories

lidastories.net

## Seenaa Agostiino / Agostinos historie

LIDA Italia
Billie Cejka Risnes
Muhammed Berisso (om), Espen Stranger-Johannessen (nb)

This work is licensed under a Creative Commons Attribution 4.0 International License.
https://creativecommons.org/licenses/by/4.0

## Seenaa Agostiino

## Agostinos historie

LIDA Italia
Billie Cejka Risnes
Muhammed Berisso

5

Afan Oromo om / norsk nb

Maqaan koo Agostiino jedhama umuriin koo waggaa 51 dha. Hojiin koo nyaata biskileetiidhaan geessuudha. Ijoollee durbaa lama qaba, garuu yoo dubbannu baay’ee rakkisaadha. Aniifi haati isaanii kana booda waan wal hiikneef waliin hin jiraannu.

. . .

Jeg heter Agostino og jeg er 51 år. Jobben min er å levere mat på sykkel. Jeg har to døtre, men vi snakker nesten ikke sammen. Moren deres og jeg bor ikke lenger sammen fordi vi er skilt.

Erga wal hiiknee booda kiraa manaa kaffaluu waanan hin dandeenyeef, haadha koo waliin jiraadha. Magaalaa kana keessatti kiraan manaa baayyee qaaliidha.

. . .

Jeg bor med moren min siden jeg ikke kan betale husleien etter skilsmissen. Husleien er veldig dyr i denne byen.

Ji'oota muraasa dura dhaabbata tokko keessatti mana qulqulleessituu ta'ee hojjechaa ture. Wantoota cabe nan supha, saanduqawwan qabadheen deema, yeroo namni barbaadetti nan gargaara ture. Guyyaa tokko dhaabbatichi hojii irraa na ari'e. Maaliif akka ta'e naaf hin galle.

. . .

For noen måneder siden jobbet jeg som vaktmester for et firma. Jeg reparerte ting som var ødelagt, bar esker og hjalp til når noen trengte det. En dag fikk jeg sparken fra firmaet. Jeg skjønte ikke hvorfor.



Yeroo dheeraa booda hojiin keenya hundi bu'aa argamsiise. Dhaabbanni geejjibaa guddaan tokko adabbii guddaa kaffaluu fi hojjettootaaf hojii dhaabbataa kennuu qaba ture. Addunyaa guutuu keessatti bakka kamitti iyyuu yeroo jalqabaatiif akka ta'e ture. Wanti fooyya'uu waan jalqabe fakkaata.

. . .

Etter en lang stund fikk det harde arbeidet vårt resultater. Et stort budfirma måtte betale en stor bot og ansette arbeidere i faste stillinger. Det var første gang det skjedde noe sted i verden. Det ser ut til at ting begynner å bli bedre.

Namoota geejjibaa dhaabbilee biroo irraa dhufan waliin ta’uun waldaa naannoo sana jiru tokko waliin koorsii mirga hojjettootaa fudhadhe. Gorsa seeraa bilisaan nuuf kennan. Beekamtii fi mirga dabalataa argachuuf qabsoofne.

. . .

Sammen med sykkelbud fra andre firmaer tok jeg et kurs om arbeidstakeres rettigheter hos en lokal fagforening. De tilbød oss gratis juridisk rådgivning. Vi kjempet for å få mer anerkjennelse og rettigheter.



Namoonni hedduun biskileetiidhaan nyaata geessan arge. Biskileetii oofuu waanan danda’uuf, balbala dhaabbata geejjibaa guddaa tokkoo rukute. Tokkoon tokkoon geejjibaadhaaf Yuuroo sadii naaf kennan. Guyyaatti 40€ nan argadha, yoo baay’ee carraa qabaadhee maamiltoonni tiip naaf kennan 60€.

. . .

Jeg så mange personer som leverte mat på sykkel. Jeg kan også sykle, så jeg banket på døra til et stort budfirma. De tilbød meg tre euro for hver levering. Jeg tjener 40€ om dagen, 60€ hvis jeg er veldig heldig og kundene gir meg tips.

Kaffaltii Ayyaanaa hin argadhu, kaffaltii dhukkubsataa hin argadhu, tasumaa mirga tokkollee hin argadhu. Sun sirrii natti hin fakkaatu, garuu hojiin sun na barbaachisa. Hojjettoonni biroo irra caalaan isaanii godaantota addunyaa mara irraa dhufaniidha.

. . .

Jeg får ingen betalt ferie, ingen sykepenger, nesten ingen rettigheter i det hele tatt. Jeg tror ikke det skal være sånn, men jeg trenger en jobb. De fleste andre ansatte er innvandrere som kommer fra hele verden.



Namoonni geessan hedduun guyyaa guyyaan balaan miidhamu. Sana booda, namni umrii 25 geessu tokko konkolaataan rukutamee yeroo du’u, aanga’oonni nu hubachuu jalqaban. Osoo sun hin ta’iin dura du’uun isarra hin turre qaaniidha.

. . .

Mange sykkelbud blir skadet i ulykker daglig. Så, da et 25 år gammelt sykkelbud ble påkjørt av en bil og døde, begynte myndighetene å legge merke til oss. Det er synd at noen måtte dø for at det skulle skje.